# 8. ISAAQO, YAKOBO FI ESAU

## Uumama 24-33

*Akka Isaaqofi niiti barbaadan*

Gaafa ganni Abrahamuu dhibaafi sodomi torba, Sarani lafa Hebroni keesati dote, duuba Abrahamuuni achumati isii awaale. Amma Isaaqoni imfuune, ganni isa layyu afurtam gahe, duuba Abrahamuuni hojjatu isa gara lafa mirga, ta Suuriaa, lafa fiit'a isaati erge akka inni achi Isaaqoo niiti barbaadu maan jenaani inni ijoolle Kanaani fuusisu himfeene. Hojjatuuni Abrahamuu lafa Suuriaatin baanani Waaqa kadhate akka inni intala qajeeltu isa garsiisu, duuba Waaqi isa Rebekkaati qajeelche. Isiini akhaakhu oboleesa Abrahamuu kha lafa Suuriaa taauti. Rebekkaafi abaan isii fuudha suni eeyaami, duuba isiini niiti Isaaqo taate lafa Kanaaniti galte. Eegee Abrahamuun due, Isaaqoni isa lafa Hebroni fula awaala Saraah birati awaale.

*DhaLutua ilmaan Isaaqooti fi Rebekaa.*

Rebekkaan kha inulfaatin ganna heddu teete. Duuba Isaaqoni Waaqa kadhateefi jennani eegi ganna didama isiin lakoole dhiira argatte. Gaafa garaacha qabdu, Rebekkaan akka lakkollen isii ta dhiira saaba keesati wolwollaatu dhageete. Waaqi waan isiin jed'e, "Gosa lamaati saaba kanke kees jira. Tokko khan irra jabaa. Kha angafa kha mand'aatii hojjata." Gurba angafa maqa Esau jedhani yaamani. Gurbaan maand'aa ammo hirba gurba angafa qabate d'alate. Tanaafi maqa isa Yakobo jed'ani baasani, akkas jechuuni dharticha jechuu.

*Tuffii Angafooma.*

Waan Esauuni ilma angafa taeefi, inni sila mirga angafoomtiti argachuu male, sulleni, d'aala harka lama argachu male. Ammalle inni sila kakhu Waaqi d'aLutua Abrahamuu kara isaatin eebisaa jed'e argachuu male. Ijoolleeni lachu gugurdatte, Esauuni nama adamo dansa ka waan ala jaalatu tahe, ammo Yakobooni nama ch'allisa worra imbaane tahe. Isaaqooni, ka fooni bineensa ala guddo jaalatu, Esau jaalate, ammo Rebekaani Yakobo ira jaalatte.

Guyya toko ato Yakobooni sagale d'aabachu jiru, Esauuni, ka beela qabu, adamo gale waan Yakobooni jed'e, "Yakobo waan anin nyaadhu naa kenni" Yakobooni waan jed'eeni, "Hojja atini angafooma kanke naa gurgurte, sii kenna." Esauuni waan jed'eeni, "Laali Yakobo, anini ufuftu diquma beelaani induiini, angafoomi kiyya maani na bahaniti?" Inni marro sagale qori tokkootifi aka angafooma Yakoboo kennu kakhate. Akanaani Esauuni angafooma isa tuffate.

*Hanna Eebba*

Eegi ganna d’eera, Isaaqooni Esau yaame waan jed'eeni, “Anini ya jaare, guyya kiyya imbeekhu, beeni adamo d'aqi, bineensa naa ijeesi. Sagale miooftu anini fed'u d'aabi naa kootiini, aka anini nyaad'e, ato induiinu si eebisu.”

Ammo Rebekaani waan Isaaqooni Esauuni jed'e ch'ufa d'ageete, Esauuni adamo deemnaani isiini akka Yakobo abba sobu qaraqaarte, waan abaan jaare ilalle dhabeef, duuba foon miyaao fidheefi eeba irra argatu. Akanaani Isaaqooni eeba sila angafa isa Esau malte taani, Yakoboo kenne. Esauuni akka Yakobooni kara sobaatini angafoomafi eeballe irra fudhate arginaani, inni guddo dallane akka oboleesa isa ijeesu kakhate. Rebekaani mala Esau d'ageete jennaani Yakobo yaamte waan jetteeni, “Na chaqasi. Worra oboleesa kiyya ka lafa Suuria jiruti baqad'u, achi tai, haga oboleesa kanke dallansuuni iraa galte, inni waan atini tolchite ded'uuti. Gaafa atin gadi deebiu malte nati sibeesisa.”

Jennaani waan Rebekaani Isaaqooni jette, “Anini nad’eeni Esauu ta gosa d’ibii tana ya obsu dad'abe. Yo Yakoboleeni dubra gosa d’ibii tan fuud'e dua male woma na inhamne.”

Isaaqooni Yakobo yaame eebise waan jed’eeni, “Dubra gosa Kanaani imfuud’iini. Lafa Suuria d’aqii dubra abuyya kanke Labani toko fuud'i.” Akasiini Yakobooni lafa Suuria deeme.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u> : Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Atin dieenna kana, kha feed’i Waaqa imbarbaadini filanno tokolle tolchite? Akkamiiti tahe?

**<u>ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -</u>**

**<u>Waan WAAQA irra maan baranna?</u>**

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (Inni jabeena chufayu inqaba, inni waan chufayu harka qaba, inni gudda waan chufa moohatu)**
  - Inni Isaaqoo niiti kenne. Ammalle namicha hojjatiillee intala Isaaqo malteeti qajeelche, eegi inni qajeelumsa Waaqa kad’ate.
  - Inni akka Yakoboni, ilmi lammeesso, mirga angafooma argatu tolche.
  - Inni Yakobo oboleesa isa irra eege.
- **Oduun tunini akka Waaqi waan ch’ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch’ufa jiru irra maan himti?**
  - Inni imbeekhe akka Isaaqoni niiti gosa ufi fuud’u male, akka waaqefanna waqota harkaan boch’ani imbaranne.

    - Inni waan saaba Rekekkaa keesati deemuti jiru imbeekhe.
    - Inni akka Esauuni, ilma angafa tau beekhe, ammalle akka inni d'ugeefacha hinqamneelle imbeekhe.

- **Oduun tunini maanin akka Waaqi qulquloo garsiifti? (Kha dhugaa, qajeela, kha seera kennu, kha chubbu jibbu, kha gati daba duisani gaafatu)**.
    - Inni ineeyamne akka Kakhuuni Baasaa kara namicha d'ugeefacha inqamne kha nad'eeni orma fuud'eeni inguutamne.
    - Inni akka Yakobooni uwoole lafa Kanaani infuune ineeyamne, waan worri waaqefanna waqota harkaan boch'ani barsiisufi.
    - Waaqi worra qulqulloo qofa baafachu fed'e.

- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**
    - Inni ijoolle Rebekaa keenne eegi isiini ganna didama ijoolle male teette.
    - Inni Yakobo dallansu oboleesa isa jala baase.
    - Inni kakhu isa ta kara Sanyii uwiitiitifi kara Abrahamuutini Baasan d'ufu, durumaati deeme immuummesse.
    - Inni infilate akka Yakobo eebise ammalle kara isaatini hojjatu, ato inni chubbicha tahellee.

- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti? (akka inni hinjijiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu)**
    - Inni akka gurbaan guddaani gurba diqaa hojjatu inhime. Wonti sunini jalqaba oduu tana iraati akkasuma taate.
    - Inni kakhu isa ta kara sanyi Abrahamuutini lafa chuda eebisu inguute, ato Esauuni, kha sila eeba abba irra d'aalu, d'ugeefacha d'abeelle. Waaqo Yakobo jabeesse qarqaare.
    - Inni kakhu kara Baasaatini lafa ch'ufa eebisu injabeesse.

<u>**Waan ilme NAMA oduu tunin maan nu barsiifti?**</u>

- **Akka nami Waaqaa waan gati guddo qabu, oddun tunin maan nuti irra nuti himti?**
    - Inni Yakobo naasuni qorqorate ammalle durumaati deeme Kakhuu isa guute.
    - Inni Esau adaabe eebafi angafooma d'owwe waan inni d'ugeefacha d'abefi.

- **Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti?** o Esauuni gara ufi ch'alla laale, male kakhu Waaqatiifi waan hafuura hinerrenne.
    - Yakobooni, ato kakhu Waaqatiifi eeba Waaqa fed'eellee, inni chubbicha, maan jennaani, afaan d'ara dubbate eeba Esaau hatee. Akka Rebekkaan chubbitiille inargina, waan isiini d'ara dubbateefi.
    - Isaaqoleeni ijollee isa woldabarse, Esau irra jaalate ato inni nama lafa tahellee.
    - Rebekalleni ch'ubbitii. Isiin kakhu Waaqa imbeeti, ammo ireeni haala mich'iirte jijiirte.
- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi ilme namaati feesisu ammalle akka ilmeen nama dandeete ufi himbaamne garsiifti?** o Waaqa ch'allaati Yakobo qarqaare, ilaalacha ak akaa dabsachiise, ammalle akanaani isa eebise.

<u>**Waan BAAFAMA maan baranna? (Akkamiin nami gara Waaqati d'ufa?)**</u>

- **Akka nami akka baafama argatu, daba irra deebie ammalle dhugeefachu male, oduun tunini maanin garsiisfti?**
    - Ilma Waaqati d'ugeefate ch'allaati eebifame, ato inni barbaada eebba suni irralleeti ch'ubbamellee.
    - Waaqi d'ugeefacha diqqo ammalle lalaaftu Yakoboo suniiti inowaate.
    - Waaqi namicha Esau jed'an kha d'ugeefacha hinqamne suni inowaanneefi ammalle ineebimneelle.

<u>**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani**</u>**:**

- Arra nami akkamiini akka Esau tahe, kakhu Waaqa irra fed'ii gara ufi ch'alla gula deema?
- Yakobooni yo gari insobe akka ireeni akka wonti chufti akka inni fed'u taatu. Atin dandeette, inni yaada Waaqa jijiiru iti game fa jetta. Nu yo gari kara kamiini yaada Waaqa jijiiru iti gamna?

<u>**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**</u>
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- **Atin yo gari kara kamiini akka Esau taata?** Akkan jechuuni, Kara kamiini beelafi d'arraani mata keeti sii dabsate siin deemti?
- Atin d'ieenna kana, **akka Yakobo, haala harka keetiti deefate yokhaan Waaqa sobu iti gamte?** Sila karaan qajeelani haala akana kanaani dabsatan kami?